Washington State Health Care Authority

Gara beellama talaallii COVID-19 deemuuf akkamitti geejjiba akka argatan

Gudduunfaa

Apple Health (Medicaid) yoo qabaattanii fi beellama waldhaansa fayyaa keessan argachuuf gargaarsa yoo barbaaddan, Health Care Authority (HCA, Abbaan Taayitaa Waldhaansa Fayyaa) geejjiba keessan ni danda'a. Tajaajila kana beellama meedikaalaa hatattamaa hin taane kanneen akka talaallii COVID-19 tiif itti fayyadamuu dandeessu.

Geejjiba ilaalchisee akkamitti tajaajila akka argatan

Bulchiinsa (county) keessaniif faddaala geejjibaatti bilbilaa (tarreefama teessoo faddaalaa fuula 2 irra jiru ilaalaa). Faddaalan sun ulaagaa guutuu keessan ilaaludhaan geejjiba fageenya keessaniin wal madaalu isiniif qindeessa. Tajaajila kanaaf ulaagaa hin guuttan yoo ta'e, faddaalichi tajaajiloota naannoo kan biroo isinitti agarsiisa.

Yeroo bilbiltan odeeffannoo armaan gadii argadhaa:

- Kaardii tajaajila keessan ProviderOne
- Bakka itti geejjibi isin fuudhu teessoo guutuu
- Beellamni talaallii keessan bakka inni itti argamu
- Maqaa fi lakoofsa bilbilaa ogeessa isin waldhaanuu (geejjiba bakka talaallii COVID-19 namoonni heddumminaan itti fudhatan geessu barbaaddu yoo ta'e, odeeffannoon kun isin hin barbaachisu)
- Guyyaa fi sa'aatii beellama keessanii
- Gosa beellama wadhaansa fayyaa (fkn, daayilasisii, OB, ilkaan, talaallii COVID-19, fi kkf.)

GAAFFILEE YEROO HEDDU GAAFATAMAN

Geejjiba meedikaala hatattamaa hin taane jechun maalidha?
Kana jechuun tajaajila beellamaa waldhaansa fayyaa deemu fi achii galuuf si gargaaruf karoorfameedha. Gosoonni deeggarsa geejjibaa beekamoo ta'an konkolaataa uummataa, taaksii, konkolaataa wiilcherii, nagahee gaasii fi kaffaltii geejjibaa/deemsaa fa'aa of keessatti qabata. Tajaajilli kuni istireecharii, ambulaansii yookin geejjiba eegumsa qabu of keessatti hin hammatu.

Beellama talaallii COVID-19 tiif geejjiba meedikaalaa hatattamaa hin taane fayyadamuu nan danda'aa?
Eeyyee, faarmaasiwwan, kilinikoota talaalliin heddumminaan itti kennamu fi kilinikoota yerdhaaf daandirra dhaabame dabalatee bakkeewwan talaalliin itti kennamu kamittuu geejjiba geessu kan dhaqaa galaa ni dandeenya. Maaloo, faddaala geejjiba bulchiinsa keessaniitti bilbilaa. Geejjiba deemsa/fageenya keessaniin wal simu ni mijeessu.

Eenyutu geejjiba hatattamaa hin taane fayyadamuu danda'a?
Apple Health (Medicaid) maamiltoonni geejjiba ilaalchisee gargaarsa barbaadan tajaajila kana argachuu ni danda'u.

Geejjiba hatattamaa hin taanef eenyutti bilbiluun qaba?

Faddaala geejjiba bulchiinsa keessan keessatti hojjatuuf bilbilaa. Ulaagaa guutuu keessan ilaalun deemsa keessan qindeessu. Tajaajila kanaaf ulaagaa hin guuttan yoo ta'e, faddaalichi tajaajiloota naannoo kan biroo waliin wal isin qunnamsiisu.

Geejjiba gaafachuudhaf yoom bilbiluun qaba?

Hanga dandeessanitti hatattamaan bilbiluu qabdu, yoo xiqqate beellama meedikaalaa keessan guyyaa hojii lama dursee. Qabeenyi (resourses) yoo jiraate, deemsi ariifachiisan hubachiisa guyyaa hojii lamaa gadii ta'uu ni danda'a

Teessoo qunnamtii faddaalaa

Maqaa faddaalaa	Bulchiinsota tajaajila argatan	Lakkoofsa bilbilaa
Hopelink	King, Snohomish	1-800-923-7433
Northwest Regional Council	Island, San Juan, Skagit, Whatcom	1-800-860-6812
Paratransit Services	Clallam, Grays Harbor, Jefferson, Kitsap, Lewis, Mason, Pacific, Pierce, Thurston	1-800-846-5438
Human Services Council	Clark, Cowlitz, Klickitat, Skamania, Wahkiakum	1-800-752-9422 (filannoo 2)
People for People	Benton, Chelan, Columbia, Douglas, Franklin, Kittitas, Okanogan, Walla Walla, Yakima	1-800-233-1624
Special Mobility Services	Adams, Asotin, Ferry, Garfield, Grant, Lincoln, Pend Oreille, Spokane, Stevens, Whitman	1-800-892-4817

Odeeffannoo dabalataatif, marsariitii NEMT ilaalaa hca.wa.gov/transportation-help.

Washington State Department of Health

820-NonDOH May 2021 Oromo

Dookumentii kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 tti bilbilaa. Maamila dhagahuu hin dandeenye yookin dhagahuun isin rakkisu yoo taatan, 711 (Washington Relay) tti bilbilaa yookin civil.rights@doh.wa.gov tti imeelii ergaa.